THE UNIVERSITY OF MELBOURNE

Melbourne Social Equity Institute

HUBANNOO WAL QIXXEE TA'UU DHABUU DIJITAALII: QABIYYEE QORANNOO ARIITIIN

QABIYYEE QORANNOO ARIITIIN

Awustiraaliyaan hedduun intarneetii gaarii qabdi, garuu namoonni hedduun ammallee argachuu yookiin fayyadamuu hin danda'ani. Namoonni intarneetii hin qabne meeshaalee barbaachisaa hojiif, fayyaaf maallaqa to'achuu, akkasumas hiriyoota fi maatii waliin dubbachuu fayyadamuu hin danda'ani.

Manguddoota, baqattoota ingiliffa baayyee hin qabne, fi namoota galii gadi aanaa qaban irra caalaatti dijitaalaa keessaa ba'uuf saaxilamu danda'u.

Pirojektiin kun itti fayyadama fi walqixxummaa interneetii Koondominiyamii Kaarlton (Carlton Housing Estate) Meelboorni keessatti keessatti jiru ilaalate. Kan gaggeefamees University of Melbourne fi hiriyoota hawaasa neetworkii ejensoota Hammachuu Dijitaaliif walitii dhufan (Combined Agencies for Digital Inclusion (CADI)) dhaan ture. Qorattoonni waa'ee muuxannoo interneetii fayyadamuu isaanii baruuf namoota Koondominiyamii Kaarlton (Carlton Housing Estate) keessa jiraatan dubbisaniiru.

GAHEENYA

Namoonni hedduun har'a interneetii argachuu kan danda'an yoo ta'u, namoonni Koondominiyamii keessa jiraatan intarneetii argachuuf carraan isaan qaba xiqqaadha. Namootni nuti dubisne interneetii waliin wal qunnamsiisuuf bilbila, taabileetii, fi Kompitara fayyadamu.

Koondominiyamii Kaarlton (Carlton Housing Estate) keessatti, maatiin baay'een bilbila, taableetii, yookiin kompitaroota 3 ykn 4 qabu. Maatiin xiqqo tokko tokko kan nama 2 ykn 3 keessa qaban namoota caalaa meeshaa hedduu qabu ture. Maatiin baay'ee nama 6 ol qaban meeshaalee 4 irra gadi ta'e qabu. Yeroo mana keessa hin bayinaa jadhamee cufamu, akka namni hunduu hojjetuu fi qo'atu, namoonni tokko tokko meeshaa dabalataa bituuf dirqamaniiru.

Namoonni baay'een guyyaa hunda interneetii fayyadamaniiru. Namoota orannichaaf Deebii keennan keessa dhibbeentaa 3% qofa interneetii guutummaatti hin fayyadamne. Namoota hedduutu waliindhaa interneetii (connection) isaanii akka hin amanamu dhaa kan argatan. Deetaan (Data) mobaayila yeroo bayye filannoo amanamaa ture.

Yeroon ani hojii hin hojjanne, intarneetii mana keessa irra deetaa (data) mobaayila koo fayyadamuun filadha. Anaaf saffisaa fi salphaadha. Namoonii bayye mana koo kessatti jiraataniis akkas goodhu... Kuni wanttotni akka dubbatii hin hafnedha, deetaa yoo qabadhe, deetaa qofa fayyadama, sababni isaas ani akkan rakkoo nan mudanne nan beeka. (Nama gaafiif deebii goodhamu 3ffaa)

Maatiin hedduun interneetii fayyadamuuf dabaree fudhachuu qabu ture ykn waliindhaa interneetii badaa ta'a.

Wayyoo, [Ka'uun qaba] yeroo hunda [kolfa]. Yeroo hunda Rakkisaadha sababni isaas yoom - keessumaayyuu yeroon Zoom keessa jiru. Dhugumatti Kutaa koo keessaa ba'uun qaba akkasumas walgahii irratti hirmaachuu akka danda'u namoota hundaaf Wi-Fi isaanii akka cufan beeksisa baasuun qaba... (Nama gaafiif deebii goodhamu 2ffaa)

GATII

Namoota nuti dubbanne keessaa walakkaa ol kata'an galii baay'ee gadi aanaan jiraatuu, kanaaf gatiin interneetii dhimma guddaa ture.

Yeroo namoonni interneetii isaanii irratti maallaqa hedduu baasanillee, waliindhaan (connection) yeroo baay'ee badaa ture, akkasumas rakkoo sirreessuun qarshii guddaa nama kaffalchiisa danda'a.

Furmaata malee oli gadi deemaa turre, garuu dhumarratti moodemii (modem) haaraa arganne jirraa. Kanaaf, Deebii'ee ni hojjeta jadhee abdii nan goodha, garuu torbaan muraasa [darbe] waliindhaan interneetii gaarii, umm kamiiyyuu hin arganne. (Hirmaataa xiyyeeffannaa garee 3ffaa irraa)

Namoonni gatii interneetii hordofuun ulfaataa akka ta'e dhaa kan argatan, sababni isaas Keewwatootni kontiraata xixinnoo goodhamanii maxxanfaman yookiin jijjiirama karoora interneetii dhaa.

Isaan akkas jedhu, ni beekta maaltu akka ta'aa jiru naan galu. Kanaaf wal xaxuu fi walxaxaa ta'uun wantoota ani argadhe keessaa isa tokko. Gati-jabeessa ta'uu dhiisuu danda'a, garuu hammam walxaxaa kan jadhu waliin walqabatee... achuman amanamumma dhabani, akkan yaadutti. (Hirmaataa xiyyeeffannaa garee 2ffaa irraa)

DANDEETTII

Namoonni nuti dubbanne hedduun isaanii dandeettii interneetii gaarii qabu, garuu namoonni tokko tokko imo dandeeettii hin qabani turan. Namoonni dandeettii gaarii qaban interneetii wantoota guyyaa guyyaadhaan goodhamaniif fayyadamuu danda'u akkasumas rakkoo ofii isaaniitiif sirreessuu danda'u.

Namoonni nuti dubbanne hundi interneetiitu jireenya isaanii irratti to'annaa dabalataa kenne jedhan. Haa ta'u malee, namoonni baay'een wantoota haaraa dhiyaatan hedduu barachu fi hordofuu itti fufi ulfaataa akka ta'ee dhaa kan argatan.

Rakkoo interneetii jechuun namoonni tokko tokko hojii irraa ni hafan yookiin hojii haaraa eegaluuf carraa ni dhaban.

Namoonni hedduun interneetii argachuuf bilbila fayyadamu. Irra caalaan intarneetii kan fayyadaman namoota biroo dubbisuuf yemmu ta'u, garuu baay'een hiriyaa jaallalla argachu ykn biloogii barreessuf intarneetii fayyadamne hin jenne. Namonni tokko tokko intarneetii afaan ingiliffa barachuuf fayyadamu ykn intarneetii afaan isaaniitiin fayyadamuuf qindaa'ina bilbilaa fayyadamu.

Akka carraa ta'ee bilbila isaa guutumatti Afaan Veetinaamiin fayyadamuu ni danda'a, qindaa'ina bilbilichi duraanuu Afaan Veetinaamii ture. Qindaa'ina bilbila Afaan Veetinaamiin ni dhiyeessu inniis gaazexaa ykn wantoota biroo baay'inaan dubbisa. (Nama gaafiif deebii goodhamu 4ffaa)

Ijoollee fi dargaggoonni yeroo baay'ee namootaa guguddoo intarneetii fayyadamuu irrattii gargaaru. Maatii fi hiriyoonni yeroo baay'ee namoota dhaabbilee intarneetii irraa caalaa gargaarsa ni keennu turan.

QABXILEE BARBAACHISAA

- Namoonni waliindhaa interneetii (connection) badaa fi rakkoolee biroo furuf karaa ofii isaanii barataniiru. Hiriyoota, maatii fi kanneen biroo isaan cinaa jiran irraas gargaarsa ni argatu turee.
- Mana koondominiyamii waliindhaa intarneetii Yeroo baay'ee badaa qabu keessa jiraachuu jechuun namoonni dandeettii rakkoolee suphuuf isaan barbaachisa ture.
- Waliindhaa intarneetii badaan akka namoonni hojii fi barnoota dhaban godheeraa. Namoonni waliindhaa isaanii sirreessuu yaaluf qarshii akka baasanis haala umaniiru akkasumas intarneetiidhaan bashannanuuf ulfaataa godhaniiru.

YAADAWWAN GORSA

Namni hunduu baasii xiqqaan interneetii gaarii argachuu qaba. Kanaaf ijaarsa filannoowwan bu'aaf hin taane bakkeewwan akka mana jireenyaa ummataa bakka namoonni hedduun filannoowwan gatii gaarii irraa itti fayyadaman keessatti dursi akka kennamuu qabu dhaamna.

Intarneetiin nama hundaaf akka hojjetu mirkaneessuuf, dhaabbileen interneetii fi mootummaan daangaa sadarkaa qulqullina xiqqoo mijeessuu qabu.

Dhaabbileen intarneetii fi mootummaan tajaajiila filannoowan gatii gadi aanaa fi kan namoota qulqullina yookiin amanamummaa intarneetii akka dhiisan hin dirqisiifne dhiyeessu uumuuf waliin hojjetu.

Gatiiwwan intarneetii/NBN namoonni hedduun yeroo NBN badu mobaayila akka fayyadaman xiyyeeffannoo keessa galachu qabu.

Mootummaa, dhaabbileen intarneetii fi dhiyeessitoota manneen hawaasaa namoota intarneetii argachuuf rakkisaa ta'anitti dubbachuu qaban, sababni isaas hirmaannaan dhiyeessitoota mana jireenyaa intarneetiin bakka manneen hawaasaa keessatti haala gaariin akka hojjetu mirkaneessuuf ni gargaara.

Qorattonni xiyyeffanno gudda keennu ka qaban interneetii argachuu fi dhiisuu isaanii fi gatii maaliin kan jadhu irratti qofa oosoo hin ta'in akkaataa namonni intarneetii itti argatan irratti dhaa.